Dr. Amha Kebede
Director General
Ethiopian Health and Nutrition Research Institute

Project Contact:
W/ro Aregash Samuel
Acting Director
Food Science and Nutrition Research Directorate
Email: aregashs@yahoo.com

Address:
Gulelle Arbegnoch Street (the former Pasteur Institute)
Gulele Sub City
P.O.B. 5456, Addis Ababa, Ethiopia
Phone: +251 11 2133499
Fax: +251 11 2757722
www.ehnri.gov.et

Henock Gezahegn
Country Director
Micronutrient Initiative

Project Contact:
Girma Mamo
Senior Program Officer
Maternal Neonatal Health and Nutrition
Email: gbogale@micronutrient.org

Address:
C/O. Ethiopia-Canada Cooperation Office (CIDA-ECCO)
Nifas Silk - Lafto Sub City, Kebele 04, H. No. 161/01
P.O.B. 1009, Addis Ababa, Ethiopia
Phone: +251 113 714919
Fax: +251 113 710985
www.micronutrient.org

Effective Modalities to
Improve Pregnant Women
Compliance to the Daily Prenatal
Iron-Folic Acid (IFA) Supplementation

A PROGRAM IN PARTNERSHIP WITH

FEDERAL MINISTRY OF HEALTH

THE WORLD BANK
Working for a World free of Poverty

Micronutrient Initiative

Dubartoota ulfaa hundaaf kinniiniin Ayiran Fooleet nibarbaachisa

Cunfaa Firii Qorannoo

Effective Modalities to
Improve Pregnant Women
Compliance to the Daily Prenatal
Iron-Folic Acid (IFA) Supplementation

A PROGRAM IN PARTNERSHIP WITH

FEDERAL MINISTRY OF HEALTH

THE WORLD BANK
Working for a World free of Poverty

Micronutrient Initiative

A PROGRAM IN PARTNERSHIP WITH

FEDERAL MINISTRY
OF HEALTH

Micronutrient
Initiative

THE WORLD BANK
Working for a World free of Poverty

Effective Modalities to Improve Pregnant Women Compliance to the Daily Prenatal Iron-Folic Acid (IFA) Supplementation

A PROGRAM IN PARTNERSHIP WITH

FEDERAL MINISTRY OF HEALTH

Micronutrient Initiative

THE WORLD BANK
Working for a World free of Poverty

Seensa

Hir'inni dhiigaa rakkoo hawaasa addunyaa maraati [1]. Addunyaa irratti haadholiin ulfa ta'an parsantiin 41.8 fi haadholiin ulfa hin taane parsantiin 30.2 rakkoo hir'ina dhiigaa qabu [1,2]. Rakkoo hir'ina dhiigaatiif sababoonni garaagaraa haa jiraatan malee walakkaan rakkina kanaa hanqina ayiraniin kan wal-qabatee dha [2]. Sababa hir'ina dhiigaan wal-qabatee haadholii ulfa ta'an irra rakkoon adda addaa akka gahu qo'annoon adda addaa ni mul'isu [3]. Odeeffannoon Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (WHO) akka agarsiisutti , sadarkaa Afrikaatti haadholiin sababii hir'ina dhiigatiin lubbuun isaanii darbu parsantii 3.7 ta'u. Haaluma wal-fakkaatun Ardii Eeshiyaatti haadholii parsantiin 12.8 sababii hir'ina dhiigatiin lubbuu isaanii dhabu [4]. Akkasumas sadarkaa addunyaatti haadholiin parsantiin 22 ta'an sababa hir'ina dhiigan kan wal-qabateen labbuun isaanii darba [5]. Firiin xinxaalla qorannoo adda addaa akka mul'isutti qabiyyee heemoogiloobiinii dhiigaa 1g/dl'n dabaluun qofa du'a haadholii parsantii 20'n hir'isuun ni danda'ama [5]. Hir'inni dhiigaa dao'ima garaa haadhaa kessa jiru irratti miidhaa guddina dhabuu fi yeroo dahumsaas ulfaatina daa'imaa baayyee gadi bu'aa ta'eef saaxiluu danda'a [3,6].

Cunfaa Firii Qorannoo

Ka'umsa Qo'annicha

Du'a haadholii hir'isuuf gumaachi ayiraniin qabu baayyee ol aanaa dha. Haa ta'u malee sadarkaa biyyooleessatti (Itiyoophiyaatti) haguuggiin dawaa hir'ina dhiigaa haadholii ulfaaf kennamuu parsantii 17.3 qofa dha. Akkasumas haadholii garaatti baatan keessaa parsantiin 0.4 ayirani hir'ina dhiigaaf kennamu kana guyyaa 90f kan fudhatan ta'uu mul'isa.

Kaayyoo Qorannoo Kanaa

Haguuggii fi itti fufiinsa fudhannaa ykn hordoffii haadholiin dawaa hir'ina dhiigaa (ayiranii) irratti qaban hubachuu fi yoo hin fayyadamani ta'e sababiin isaa addaan baasuu dha.

Mala Qorannoon itti geggeeffame

qorannoon madaallii raawwii Hojii irratti xiyyeeffate kun Aanaalee Sirna Nyaataa Gidu-Gala Hawaasaa (CBN) ta'an, Godina Lixa Shawaa irraa filataman lama irratti Guraandhala 12, bara 2004 hanga Bitootessa 1, bara 2004tti A.L.H gageeffame ture. Walumaa galatti qorannoon kun qabiyyee 4 (afur) of keessatti qaba.

A) Haguuggii fi itti fufiinsa hordoffii qoricha hir'ina dhiigaa (ayiranii) haadholiin waggaa darbe dahan (daa'ima waggaa tokkoo qaban) kan qoratu,

B) Sadarkaa cimina rakkoo hir'ina dhiigaa beekuuf qorannoo xiqqaan haadholii ulfa ta'an irratti adeemsisuu,

C) Sababii ykn halannoowwan itti fayyadamiina ayiranii irratti dhiibbaa fidan beekuuf marii garee fi marii dhuunfaa fayyadamuun qorannoo adeemsisuu,

D) Akkasumas qulqullina tajaajila kunuunsa dahumsa duraa hubachuuf hadhota buufata fayyaa ykn keellaa fayyaatti tajaajila argatanii bahan dubbisuunii fi akkaataa itti isaan tajaajila argatan ilaaluun ykn daawwachuudhan qorannoo adeemsisuu dha.

A Firii Qorannoo Maneen Irratti Adeemsifame

Dimshaashatti, manneen 401 (Ada'a Bargaa 201 fi Meetaa Roobii 200) irratti adeemsifamee ture. Aanaa Ada'aa Bargaa fi Meettaa Robii irratti qorannoo adeemsifame irratti odeeffannoon walii galaa hirmaattota qorannichaa gabatee armaan gadii irratti kan mul'atee jiruu dha.

Amaloota adda addaa	Ada'aa Bargaa		Meetaa Roobi	
	Lakk.	%	Lakk.	%
Umrii haadholii waggaan				
Wagga 20 gadi	15	7.5	14	7.0
Waggaa 20 – 30	145	72.9	149	74.9
Waggaa 35 fi isaa ol	39	19.5	36	18.1
Haala Fuudhaf Heerumaa				
Kan heerumtee abbaa manaa waliin jirtu	179	89.5	177	88.5
Sadarkaa Barnootaa				
Dubbisuu fi barreessuu kan hin dandeenye	142	71	147	73.1
Sadarkaa tokkoffaa	49	24.5	47	23.4
Baay'ina ijoollee deessee				
2 to 4 births	93	46.7	89	44.5
≥ 5 births	72	36.2	77	38.5

Gabatee 1: Amaloota hawaasummaa hirmaattota qorannoo kanaa, Aanaalee Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobi. Gurraandhala, 2004 A.L.H

Akkuma gabatee armaan gadii irratti mul'isuuf yaalametti, haguuggiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraa Ada'aa Bargaatti harka dhibba keessaa parsantii 69.5 yommuu ta'e kan Aanaa Meettaa Roobi immoo harka dhibba keessaa parsantii 58.7 dha. Yeroo baayyee Ada'aa bargaatti dubartiin tokko ulfa taatee naannoo ji'a 1 hanga 6 gidduutti kan jalqaban yommuu ta'u aanaa Meettaa Roobitti immoo naannoo ji'a 3 hanga ji'a 6 gidduutti dha. Haaluma wal-fakkaatun haadholiin ulfa ta'an keessaa aanaa Meettaa Roobii caala (harka dhibba keessaa parsantii 47), Ada'aa Bagraattii (harka dhibba keessaa parsantii 61) haadholiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraaf mana yaalatti si'a 4 fi isaa ol kan deddeebi'an ta'uu hubatamee jira (gabatee 2 ilaali).

Haadholii ji'oottan 12 n darban keessa dahan keessaa Aanaa Ada'aa Bargaati parsantiin 37.5 fi Meettaa Roobiti parsantiin 20.9 ayiranii yeroo ulfa turanitti fudhatanii kan turan yemmuu ta'u, Ada'aa Bargaati parsantiin 2.0 fi Meettaa Roobiti parsantii 0.5 qofti aayiranii guyyoottan 90 fi isaa oliif kan fudhatanii turan ta'uu isaa qorannoon kun ni ibsa. Haadholiin baayyee, tajaajila kunuunsa dahumsa duraa ulfa ta'anii naannoo ji'oottan 5 keessatti jalqabu. Haadholii haala itti fayyadamiinsa ayiranii, baayyina fudhatamuu qabuu fi rakkoo fayyadamuun wal-qabatanii dhufan ilaalchisee gorsa argatan keessaa, waa'ee rakkoo ayiranii fudhachuun wal-qabatee dhufuu ilaalchisee kan gorsa argatan baayyee xiqqaadha.

WABILEE

1. WHO, CDC. Worldwide prevalence of anemia 1993–2005: WHO global database on anemia. Edited by de Benoist B, McLean E, Egli I, Cogswell M. Geneva; 2008.
2. Sight and Life. The guidebook nutritional anemia. Edited by Badham J, Zimmermann MB, Kraemer K. Basel; 2007.
3. Allen LH. Anemia and iron deficiency: Effects on pregnancy outcome. Am J Clin Nutr 2000; 71(suppl):1280-4.
4. Khan KS, Wojdyla D, Say L, Gülmezoglu AM, Van Look P. WHO analysis of causes of maternal death: a systematic review. Lancet 2006; 367: 1066-74.
5. Stoltzfus RJ, Mullany L, Black RE. Iron deficiency anemia. In comparative quantification of health risks. Volume 1. Edited by Ezzati M, Lopez AD, Rodgers A, Murray C. Geneva: WHO Press; 2004: 163-209.
6. Zeng L, Cheng Y, Dang S, Yan H, Dibley MJ, Chang S, et al. Impact of micronutrient supplementation during pregnancy on birth weight, duration of gestation, and perinatal mortality in rural western China: Double blind cluster randomised controlled trial. BMJ 2008; 337: a2001.

E Cuunfaa

Walumaa galatti kenniinsa Ayiran Foolik Asiidii ilaalchisee rakkoolee gama kenniinsa tajaajilaan jiran keessaa baayyeen isaanii Ayiran Aooliik Asiidii gahaa ta'e dhabuu fi rakkoo dhiyeessaa, gadi bu'iinsa qulqullina tajaajila kunuunsa dahumsa duraa, bakka hojiitti argamuu dhiisuu hojjettoota ekisteenshinii fayyaa, hogeessota fayyaa kallattiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraa irratti hojjetaniif leenjiin otuu hin kennamiin hafuu, hir'ina meeshaalee gargaarsa hojii fi barnoota fayyaa, hir'ina muuxannoo gorsa kennuu ogeessota fayyaa, fi beekumsa ogeessonni qajeelcha biyyooleessaa kenniinsa tajaajila irratti qabanii murtaawaa ta'u dha.
Gama tajaajilamtootaan rakkooleen jiran, rakkoowwan ulfaa ta'uun wal-qabatanii quunnamuuni danda'aniif hin saaxilamu ta'a ykn na hin quunnamu jedhanii yaaduu, tajaajila kunuunsa dahumsa duraa turanii jalqabuu fi haadholiin muraasni qofti hordofuu, fageenya manneen yaalaa, namoonni muraasni odeeffannoo dogoggoraa ayiranii fudhachu irraati qabaachuu fi beekumsa gadi aanaa wantoota hir'ina dhiigaaf sababii ta'anii fi maloota ittiin ittisan irratti qabaachuu faadha.

1. Dhiyeessa fi tajaajila kenninsa ayiranii haala itti fufiinsa qabuun dhaabbata mootummaa fi miti mootummaa hirmaachisuun sadarkaalee eegumsa fayyaa hundatti mirkaneessuu.
2. Dhiyeessa ayiran fooleetii kanneen akka qoqqoodinsa fedhii fi gaaffii irratti hundaa'e hordofuu, dawaa of-harkaa qabnuu fi nu barbaachisuu bin-kaardii fayyadamuun too'achuu, gabaasa manneen yaalaa irraa dawaa irratti hojjetamu hordofuu fi fooyyessuun hojii irra oolchuu.
3. Kenniinsi ayiranii karooraa fi too'annoo aanaa keessa akka oolu akkasumas qabiyyee hordoffii suupervaayizarootaa akka ta'u baba'isuu.
4. Maloota too'annoo kenniinsa fi itti fufiinsa fudhannaa aayiranii haala qabatamaa ta'een fooyyessuu fi hojii irra oolchuu.
5. Fayyadamtoonni tajaajila kenniinsa ayiranii akka salphaatti akkaata kenniinsa ayiranii hojii oolee-gala (out-reach) waliin qindeessuun mana manarra haala ittiin raabsamu mijeessuu.
6. Hubannoo haadholiin fayidaa tajaajila kunuunsa dahumsa duraa irratti qaban, miidhaa hir'inni dhiigaa haadholii irratti qabuu fi bu'aa ayiraniin qabu, marii dhuunfaa ykn marii hawaasaa fayyadamuun barnoota fayyaa kennuun fooyyesuu.
7. Sochii hawaasaa fi humna hojjettoota fedhii fayyaa hawaasaa fooyyessuun, haadholii ulfa ta'an yeroon addaan baasuun gara mana yaalatti akka ergan, ayiranii haala itti fufiinsa qabuun akka fudhatanii fi sagantaa idillee TKDD akka hordofan akka barsiisanii fi amansiisan gochuu.
8. Hawaasa naannoof sagantaa idillee guyyootta tajaajilli kunuunsa dahumsa duraa itti kennamu beeksisuu.
9. Haguuggii, qulqullinaa fi guutummaa qabiyyeewwan tajaajila kunuunsa dahumsa duraa maloota armaan gadii fayyadamuun fooyyessuu.
   a) Beekumsaa fi muuxannoo ogeessonni fayyaa qindoomina tajaajila kunuunsa dahumsa duraa irratti qaban, leenjii dorgomtummaa irratti xiyyeefate kennuun fooyyessuu.
   b) Qajeelfama biyyooleessaa kenniinsa ayiranii irratti qophaa'e buufatoota fayyaa fi keellaa fayyaa hundaaf qoqqooduu ykn kennuu.
   c) Meeshaalee gargaarsa hojii fi barnoota fayyaaf barbaachisan haala hawaasa salphaatti hubachiisuu danda'uun kennuu.
10. Deeggarsaa fi hordoffi qindoomina qabu sadarkaa aanatti cimsuun.

Aanaalee	Haguuggii TKDD (%)	Yeroo tajaajilli kunuunsa dahumsa duraa (TKDD) itti jalqabu (%)			Baay'ina yeroo deddeebii TKDD'f godhame (%)		
		1st	2nd	3rd	1	2 - 3	4+
Indertaa	72.6	33	52	14	14	33	52
Alaamaaxaa	78.8	36	56	8	12	50	38
Manzi Mammaa	63.1	25	50	25	8	46	38
Manzi Geeraa	65.0	14	50	36	7	50	43
Ada'aa Bargaa	69.5	44	44	11	6	33	61
Meetaa Roobi	58.7	33	53	13	7	47	47
Masqaan	82.0	50	50	0	0	38	63
Sankura	87.0	42	58	0	0	15	80

Gabatee 2: Haguuggii fi itti fayyadamiinsa tajaajila kunuunsa dahumsa duraa (TKDD) kan Aanaalee 8ti. Adoolessa, 2004 A.L.H.

Haadholii 335 yeroo ulfa turani ayiranii fudhachaa turan keessaa baayyeen isaanii, parsantiin 91.2 kan ta'an, guyyaatti tokko tokko fudhachaa turan. Parsantiin 1.1 torbeetti ayiranii 1 fi isaa ol hirraanfachuun otuu hin fudhatiin hafu. Akkasumas, parsantiin 4.4 itti fayyadamu gonkuma ni dhisu, parsantiin 0.3 kan ta'an immoo gonkumaa hin fudhanne. Sababbiiwwan

Haala fidhannaa kiniina ayiranii aanaa Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobii, Adoolessa bara 2004



Fakkii 1: Haala fidhannaa kiniina ayiranii aanaa Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobii, Adoolessa bara 2004.

Fakkii 1

haala itti fufiinsa qabuun otuu aayiranii hin fudhatiin hafan keessaa inni tokko manneen eegumsa fayyaa dawaa kanaa dhibuun parsantii 61.7 yommuu ta'u, sababiiwwan biraan immoo rakkoo addaa qoricha kan fudhachuu wajin wal-qabate quunnammuu parsantii 20, irraanfachuun ykn dagachuun parsantii 15 fi miidhaa qorichi ykn dawaan kun fayyaa irratti qabu sodaachuu parsantii 1.3 ture.
Aanaalee Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobitti, yeroo baayyee haadholiin ulfa ta'an tajaajila kunuunsa dahumsa duraa ulfa ta'anii , naannoo ji'a 3ffaa tti kan jalqaban yoo ta'u aayiranii immoo naannoo ji'a 4ffaa tti jalqabu (fakki 2ilaala).

Haguuggii tajaajila kunuunsa dahumsa duraa fi tajaajila itti fayyadama ayiran fooleetii gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Haguuggiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraa kan aanaa lamaanii yommuu wal dorgomsiifnu kan Aanaa Ada'aa Bargaa parsantii 69.5 yommuu ta'u kan Aanaa Meettaa Roobii immoo parsantii 58.7 dha. Haata'u malee, haguuggiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraa tajaajila itti fayyadama ayiran fooleetii bakka bu'uu hin dandau. Haguuggiin kun aanaa Ada'aa Bargaatti parsantii 37.5 fi aanaa Meettaa Roobitti parsantii 20.9 dha (fakkii 3 ilaalaa).

Baay'inni deddeebii'uun tajaajila hordoffii kunuunsa dahumsa duraa yommuu baayyachaa deemu baayyinni ayiranii haadholiin fudhatan akkasuma dabalaa deema. Haadholii tajaajila hordoffii kunuunsa dahumsa duraaf si'a tokko qofa mana yaalaa deeman keessaa ayiran fooleetii guyyoota 60-90 kan fudhatan hin jiran. Haa ta'u malee, haadholiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraaf si'a 4 fi isaa ol gara mana yaalaatti deddeebi'uun ayiran fooleetii guyyoota 90 ol fudhatan parsantii 20 dha (fakkii 4 ilaala).



Fakkii 2: *Yeroo tajaajilli kunuunsa dahumsa duraa fi ayiranin itti jalqabu, aanaalee Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobi, Adoolessa , 2004 A.L.H*



Fakkii 3: *Garaa garummoo haguuggii tajaajila hordoffii kunuunsa dahumsa duraa fi kenniina ayiran fooleetii, Aanaalee Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobi bara...*

B Firii Qorannoo- hir'ina dhiigaa (Qorannoo Xiqqaa)

Babal'ina rakkoo hir'ina dhiigaa hubachuuf haadholiin ulfa ta'an 414 aanaalee qorannoo kun itti gagefaman keessaa darbee darbee filatamanii turan. Akka qorannoo kanaatti baayyinni heemoogiloobiinii dhiiga keessa jiru 11.5(±1.6)g/dl dha. Walumaagalatti, babal'inni rakkoo hir'ina dhiigaa parsantii 33.2 yommuu ta'u, ciminni hadhootaa rakkoo hir'inna dhiigaa garaagarummaa qaba. Hirmaattota qorannoo kanaa keessaa, parsantii 18.8 kan ta'an hir'ina dhiigaa xiqqaa qabu, parsantiin 13.6 hir'ina dhiigaa giddu galeessa kan qaban yommuu ta'u parsantiin 0.8 immoo hir'ina dhiigaa ol-aanaa qabu.

Hirmaattota qorannoo xiqqaa (mini survey) kana irratti hirmaatan keessaa parsantiin 38.5 yeroo ulfa turan yoo xiqqaate ayiranii si'a tokko fudhachuu isaanii ibsanii jiru. Yeroo eddattoon ykn fakkisaan (sample) dhiigaa haadholii ulfa irraa fudhatamaa turetti haadholii parsantiin 8.9 ta'an aayiranii guyyoottan 1-29'f kan fayyadamaa turan yommuu ta'u, haadholiin parsantii 12.6 ta'an aayyiranii guyyoottan 30-59'f , parsantii 6.1 ta'an immoo guyyootta 60-89'f fudhatanii . Parsantii 7.4 kan ta'an qofatu guyyaa 90 fi isaa oliif kan fudhatan ta'uu beekameera.
Dhiiga haadholiin aayiranii guyyoota 90 fi isaa ol fudhachaa turan kessatti baayyinni hemoogiloobiinii ol -aanaa kan argame yoo ta'u kun immoo haala gaarii ta'uu isaa muul'isa. Baay'inni heemoogiloobiinii dhiiga keessati argamuu baayyinna yeroo ayiranii fayyadaman waliin garaagarummaa qaba. Kunis, haadholiin aayiranii guyyoottan 30 gadi fudhatan qabiyyeen heemoogiloobiinii isaanii 11.1(±1.2) gl/dl, guyyoottan 30-59f fudhatan heemoogiloobiinii 11.14(±1.8) gl/dl fi guyyoottan 60-89f fudhatan qabiyyeen heemoogiloobiinii isaanii 12.4(1.5) gl/dl dha.

Anoole	Tamsa'ina cimina hir'ina dhiigaa (%)			
	hir'ina dhiigaa (waliigalati)	hir'ina dhiigaa xiqqaa	hir'ina dhiigaa giddu-galeessa	hir'ina dhiigaa ol-aanaa
Indertaa	8.0	2.0	6.0	0.0
Alaamaaxaa	8.0	8.0	0.0	0.0
Manzi Mammaa	30.2	17.0	11.3	1.9
Manzi Geeraa	46.0	38.0	8.0	0.0
Ada'aa Bargaa	54.0	36.0	16.0	2.0
Meetaa Roobi	16.0	12.0	4.0	0.0
Masqaan	39.3	17.9	19.6	1.8
Sankura	67.3	20.4	46.9	0.0
Id'ama	33.2	18.8	13.6	0.8

Gabatee 3: Saddarkaa fi tamsa'ina hir'ina dhiigaa, Adoolessa, 2004 A.L.H.

Mean hemoglobin concentration with 95% CI across categories of duration of IFS in the selected eight woredas. March, 2012.



Fakkii 4: *Baay'ina deddeebbii yeroo tajaajilakunuunsa dahumsa duraaf godhamee fi baay'ina kiniina ayiranii fudhatame. Aanaalee Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobi. Adoolessa, 2004 A.L.H*

Figure 5

C Firii Qorannoo Ba'iinsa Tajaajilaa Boodaa fi Daawwannoo Kenniinsa Tajaajilaa

Anaalee lamaan qorannoof filataman kana kessatti haadholiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraaf mana yaalaatti tajaajilamanii yeroo bahan haasofsiisuun gulqullina tajaajilichaa madaaluuf yaalamee ture, kunis lakkoofsaan 12 yommu ta'u, haaluma wal fakkaatuun akkaataa itti tajaajila irratti daawwannaa 12 adeemsifamee ture.

- Ogeessonni fayyaa yeroo tajaajila kennan yeroo baayye galmee fayyaa tajaajilamtootaa hin ilaalan.
- Haadholii ulfa ta'an muraasaf ayiranii kan kennameef yommuu ta'u, odeeffannoo haala itti fayyadamiina dawaa ayiranii hadhooliin kun qabanis gahaa miti.
- Itti fufinsaan ayiranii kana fayyadamuu isaanii mirkaneffachuuf hadhooliin muraasi qofaan ilaalamu isaani hubatameera.
- Qindoominni fi qulqullinni tajaajila kunuunsa dahumsa duraa gadi bu'aa dha. Tartiibni tajaajili itti kennamu kan kennamuf haa ta'u malee, firiin qorannoo adda addaa fayyadamtoottatti hin himamu.
- Of eeggannoo qaamaa, nyaata madaalamaa nyaachuu, rakkoowwan ulfaan wal qabate dhufuu danda'uu fi barbaachisummaa harma qofa hoosisuu ilaalchisee gorsi hadhoolii kanaaf kennamu hin jiru jechuun ni danda'ama.
- Baayyinaan, haadholii deddeebi'anii fayyadamaniif beellamni ni kennama.
- Baayyinaan, kenniinsi qoqqoodinsi ayiranii, fedhii buufata fayyaa fi kellaa fayyaa ilaalcha keessa kan hin galchine dha. Dabalataanis, baayyinni barbaachisu durfame hin karoorfamne. Aanaaleen lamaanuu sagantaa ayiraniin itti kennamu dhaabataa hin qaban.

D Firii qorannoo Marii Garee fi Marii Dhuunfaa irraa Argame

Tajaajila Kunuunsa Dahumsa Dura

- Hubannoon, ilaalchii fi itti fayyadamiinsi TKDD fooya'iinsa qaba.
- Beekumsi haadholiin tajaajila kunuunsa dahumsa duraa dafanii jalqabuuf qaban gahaa miti.
- Baayyinaan haadholiin tajaajila hordoffii kunuunsa dahumsa duraa jalqabuuf hanga mucaan gadaamessa keessatti sochii jalqabutti ykn ulfi ifatti beeksisutti eegu.
- Rakkoowwan hawaasummaa fi xinsammuun (psychology) wal-qabatan ilaalchisee, rakkoowwan ulfaan wal qabatan harra hin qaqabu jedhanii yaaduu, sodaachuu ykn qaana'uu, ijoollee dura dahan hordoffii mana yaalaan ala dahuu fi baayyini hojii manaa keessaa sababiiwwan gurguddoo tajaajila itti fayyadamiinsa dahumsa duraa irratti gufuu ta'an keessaa adda duree dha.
- Tajaajila kunuunsa dahumsa duraa idileen ala ta'e ykn haala itti fufiinsa qabuun kennuu dhiisuu fi goyyoottan tajaajilli itti kennamu ilaalchisee odeeffannoo quubsaa ta'e hawaasaaf kennuu dhiisuun saboota gufuu ta'an kan birooti.
- Ciminnii fi amansiisummaan hojettoota ekisteenshinii fayyaa dabalaa jira. Akkasumas, hawaasni TKDD fooyya'iinsa agarsiisuu isaa dubbatu.
- Tajaajilli PMTCT akkuma tajaajila kaanii gara keellaa fayyaatti yoo gadi bu'an gaarii ta'uu.
- Sagantaale Ekisteenshin Paakeejii keessaa tajaajilli kunuunsa dahumsa duraa caasaalee eegumsa fayyaa keessatti xiyyeeffannoo gahaa ta'e hin arganne.
- Too'annoon tajaajila kenniinsa kunuunsa dahumsa duraa haguuggii tajaajilichaa fi baayy'ina yeroo deddeebii irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, qabiyyeewwan tajajila kunuunsa dahumsa duraa, qulqullinaa fi itti fufiinsi tajaajilichaa xiyyeeffannaa kan hin agranne ta'uun isaa ubatamee jira.

Hir'ina dhiigaa haadholii

- Haadholiinii fi ogeessonni fayyaa mallattoolee hir'ina dhiigaa fi mala ittisa isaa ilaalchisee hubannoo xiqqaa qabu.
- Beekumsi hojjettoota fedhii fayyaa hawaasaa, beekumsa hawaasan adda addummaa hin agarsiifne.
- Ogeessonni baayyeen isaanii hir'ina dhiigaa fi dhiibbaa dhiigaa walitti maku. Akkasumas, hojjettoonni ekisteenshinii fayyaa baay'inaan hir'inni dhiigaa kan beekamu dhiibbaa dhiigaa lakkaa'uun akka ta'e yaada isaanii kennanii jiru.
- Beekumsi ogeessonni fayyaa fi tajaajilamtoonni kunuunsa dahumsa duraa sababii fi miidhaalee hir'ina dhiigaa irratti qaban quubsaa miti.

Sagantaa kenninsa Ayirani Fooleetii

- Haadholiin marii garee irratti hirmaatan ayiranii fudhachuun fayyaa isaaniif faayidaa akka qabau amantaa qaban ibsanii jiru.
- Haadholiin tokko tokko "kiniinaa diddiimtuu" jechuun ayiranii kan gaafatan ta'uu ogeessonni fayyaa tokko tokko muuxannoo isaanii ibsanii jiru.
- Yaadni ayiranii fudhachuun daa'ima garaatti guddisuun ciniinsuu namarra tursa, iedhu, ilaalcha dogoggoraa gama warra ayiraniin fudhatanii jiruu dha.
- Baayyinaa kiniinaa fi yeroo kenniinsa kiniina ayiranii ilaalchisee hubannoon hojetoonni ekisteenshi fayyaa, too'attoonni hojetoota ekisteenshi fayyaa fi narsoonni kutaa tajaajila haadholii fi daa'imannii qaban baayyee wal-makaa kan ta'ee fi dhaabbataa miti. Hundi isaanii sadarkaa biyyooleessaatti qajeelchi dhaabbataa ta'e jiraachuu isaa hin beekan.
- Itti fufiinsa fudhannaa ayiranii ilaalchisee ogeessonni fayyaa odeeffannoo gahaa ta'e hin qaban.
- Sababoonni dubartoonni ayiranii hin fudhatiin keessaa muraasni isaa, hirraanfachuu, rakkoo wal-qabataa ta'e dhufu sodaachuu (fear of side effect), dawaa yeroo dheeraaf fudhachuu sodaachuu, bu'aa ayiraniin qabu irratti tilmama gadi aanaa qabaachuu fi ayiraniin si'a dhumu yeroon bakka buusuu dhabuu irraan kan ka'e tajaajila hordoffii dahumsa duraa addaan kutuu dha.
- Sagantaan HMIS'n jiru, kenniinsa ayiranii dabalatee tajaajila kunuunsa dahumsa duraa gadi fageenyan mala itti too'atu hin qabu.

(Hubachisa: TKDDn = Tajaajila Kunuunsa Dahumsa Dura)